Oromiyaa

Lakk. 366

Oduu

Leenjiin hoggantoota hundee dhaabaa gandoota baadiyyaaf keennamaa ture xumurame

Hoggantoonni hundee dhaabaa ergama isaanii beekanii miseensonniifi hawaasni bal'aa misoomaafi bulchiinsa gaariif akka hiriiran taasisuuf akka naannoo Oromiyaatti leenjiin hoggantoota hundee dhaabaa 93,263f kennamaa ture xumurameera.

Ragaan waajjira Dh.D.U.O giddu galeessaa irraa argame akka agarsiisutti, leenjii guutummaa Oromiyaatti adeemsifame kana irratti hoggantoota hundee dhaabaa 96,000 leenjisuuf karoorfame keessaa 93,263 leenjisuun danda'ameera. Kunis karoora qabame keessaa %97 ta'uu raga kun ni agarsiisa.

Leenjiin kun mata dureewwan warraaqsa demokraasiifi qonnaan bulaa, misooma baadiyaafi qonnaa, Barnootaafi fayyaa, bulchiinsa gaarii baadiyaafi dhimma nageenyaa, hojmaata dhaabaafi dhimma gurmaa'inaa irratti kan kenname ta'uun hubatameera. Kana malees dhimma filannoofi filannoo raawwachiisuuf karoora godinaaleefi aanaaleef qophaa'e irratti orenteeshiniin kennameera.

Leenjii kana irratti gaaffiiwwan adda addaa kan ka'an yemmuu ta'u qaamolee adda addaa dhimmi isaa ilaallatu irraa deebii kennamu walitti aansuun maxxansa gaazeexaa Oromiyaatiin akka kennamu odeeffannoo waajjira Dh.D.U.O giddu galeessaa irraa argame irraa hubacuun danda'ameera.

Bal'ina oduu kanaa Balballoomii irra ilaalaa.

Mallattoon filannoo Dh.D.U.O/ADWUI ifa ta’e

Filannoo guutummaa Oromiyaa sadarkaa gandaafi aanaatti baatii Eblaa bara 2000 adeemsifamuuf mallattoon Dh.D.U.O/ADWUI ifa ta’uu isaa waajjirri giddu galeessaa Dhaabbata Demokraatawaa Ummata Oromoo Dh.D.U.O beeksise.

Waajjirri giddu galeessaa Dh.D.U.O akka beeksisetti mallattoon Dh.D.U.O/ADWUI filannoo Ebla dhufu adeemsifamuu Xomboora ta’uu isaa addeessee, ummanni Oromoo kana beekuudhaan Dh.D.U.O akka filatu dhaameera.

Filannoo kanaaf dhaabbanni demokraatawaa ummata Oromoo kaadhimamtoota qopheessaa kan jiru ta’u waajjirri kun adeesseera. Haaluma kanaan kaadhimamtoota ga’umsa qaban, ummata biratti fudhatama kan qabaniifi qulqullina kan qaban qopheessaa akka jiru ragaan waajjira kana irraa argame ni mirkaneessa.

Dhuma irrattis ummanni Oromoo kaadhimamtoota ga’umsa, qulqullinaafi ummata biratti fudhatama qaban kanneen filachuuf bal’inaan akka galmaa’u Dh.D.U.On waamicha dabarseera.

Aanichatti gaggeessitoonni gandaa 406 leenji’an

Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabaratitti gaggeessitoota gandoolee 32f leenjiin guyyaa kudha shaniif mata-dureewwan gara garaa irratti gaggeeffamaa turee xumuuramuun isaa ibsame.

Itti gaafatamaan sab-qunnamtii Ummataa Aanaa Gindabarat Ob. Itichaa Bashaanaa akka ibsanitti, leenjiin kennamaa ture kun maalummaa dimokraasii fi bu’aa isaa irratti, ulaa misoomaafi hiyyummaa irratti, galma barnootaa bara 2015tti lammii hundaaf barnoota sad. 1ffaa waliin gahuu akkasumas qulqullinaafi imaammataa barnootaa galmaan gahuu irratti leenjiin kennameera. Kana malees dhibee HIV/AIDS of irratti ittisuufi dhukkuba busaa irratti rakkoo hanqina bulchiinsa gaariin dhufuufi bu’aa bulchiinsa gaarii, sababoota nageenyi itti boora’uu danda’uuf akkaataa yakki ittifamuu danda’amu, bu’aa nageenyaa, haala walii gala hojii dhaabaafi akkaataa miseensi itti cimu, akkasumas haala filannoo mana maree gandaafi aanaa ilaalchisee diimokiraasummaa filannoo eeguu fi filannicha injifannoon xumuuruu irratti leenjiin ballaan kennameera. Leenjii kana irratti namoonni 406 kan hirmaatan yennaa ta’u, isaan keessaa 29 dubartoota akka ta’aniifi leenjiifamtoonni kunis ibsa ejjennoo qabxii 9 baafachuun xumuuruu isaanii Ob. Itichaan Bashaanaa Waabeffachuun Girmaa Dinqaa ogeessi be/qu/ummata aanichaa nuuf gabaaseera.

Dargaggoonniifi dubartoonni tajaajila liqii argataniin bu’a qabeessa ta’aa jiru

Godina Harargee lixaa magaalaa Cirootti dargaggoonniifi dubartoonni hojii dhabeeyyii ta’an tajaajila liqiifi qusannoo argataniin bu’aa argachaa akka jiran ibsan.

Dargaggootaafi duartoota hojii dhabeeyyii ta’aniifi tajaajila liqii argachaa jiran keessaa tokko tokko gaazeexaa Oromiyaaf yaada kennan keessaa miseensa waldaa hawwii guddinaa kan ta’e dargaggoo Taaddalee Damisee akka jedheeitti, Caamsaa/1999 WALQO irraa liqii birr. 32,000 fudhatanii ittiin hojjetanii liqaa kana deebisanii bu’aa birrii 132,000 argataniiru. Waldaan kun namoota hojii hin qabne 20f carraa hojii akka uume, yeroo ammaa konkolaataa bitachuuf karoorfachuu isaallee dargaggoo Taaddaleen dubbateera.

Dargaggoo Ahmad Abdallaa miseensa waldaa kanaa yemmuu ta’u innis yaada kenneen, meeshaa dhaabbataa dabalatee WALQO irraa birri. 91,000 liqaa argataniin oomisha bilokeetii irratti bobba’uun bu’aa birrii kuma 70 argatan keessaa kuma 43 liqaa akka deebisan, birrii kuma 27 ammoo qusatanii akka jiran himeera.

Miseensa waldaa maykiroo intarpraayzii guddinaa kan ta’e dargaggoo Indaalee Tashoomee akka jedhetti, WALQO irraa birr. kuma 108 liqaa argataniin oomisha priikaastii irratti bobba’uun bu’aa birr. kuma 140 liqaa deebisanii konkolaataa baajaajii tokko bitachuu isaanii ibsaniiru. Waldaan kun nama 32f carraa hojii uumuu isaas hubachuun danda’ameera.

Dubartoota hoji-dhabeeyyii ta’an keessaa Ad. Malluf Mullufaa Adam liqii birr. 1500 argataniin hojii daldala hoolaafi re’ee irratti bobba’uun bu’aa birr. 500 argataniiru.

Itti gaafatamaan waajjira liqiifi qusannoo damee Ciroo Ob. Ashabbir akka jedhanitti kurmaana 1ffaafi 2ffaa keessa dargaggootaafi dubartoota hoji-dhabeeyyii ta’an 450f waajjirichi tajaajila liqiifi qusannoo birri. mil. 1.8 ol kennuu isaa eeranii, kunis dargaggoota maaykroo intarpraayzii 12n ijaaramaniif birr. 1,256,850 liqiin kennamuu dubbataniiru. Dubartoota 160f ammoo birr. 232,800 liqeessuu isaa dubbataniiru. Waldaaleen kunneen qusannoo fedhii irratti hundaa’e birrii 26,775, qusannoo gurmuu 32,280 qusachuu isaanii itti gaafatamaan kun eeraniiru.

Leenjichi bu’aa barbaadamu akka fidu …

Leenjiin tokko kan barbaachisuuf inni guddaan hojiin hojjetamu bu’aa caalaa ta’e akka argamsiisuuf ta’uun ni beekama. Hubannoo leenjii irraa argamu irratti hundaa’uudhaan bu’aa hojii tokko irraa argamu ol guddisuun ni danda’ama.

Akka naannoo Oromiyaatti karoora waajjira Dh.D.U.O giddu galeessaa irraa ba’e irratti hundaa’uudhaan leenjiin hoggantoota hundee dhaabaa baadyaaf kennamaa ture xumurameera. Karoorri leenjii kanaaf qabame hoggantoota hundee dhaabaa 96,000 leenjisuuf ture. Haa ta’u malee kan leenjii kana fudhatan namoota 93,263 yemmuu ta’an, kunis karoora qabame keessaa %97 ta’uu isaati. Leenjii kana kan fudhatan keessaa 13,983 dubartoota ta’uun beekameera.

Kaayoon leenjii kanaa inni gudaan hoggantoonni hundi ergama isaan irraa eegamu beekanii miseensotaafi hawaasa bal’aa misoomaafi bulchiinsa gaarii cinaa hiriirsuudhaan ga’ee isaanii akka ba’an taasisuu dha. Kana malees ijaarsa miseensotaa guyyaa guyyaa irratti jijjiirama bu’uraa fiduu akka danda’an taasisuuf leenjiin kun kennameera.

Haala qabatamaa biyya keenyaa yeroo ammaa irraa akkuma hubatamu sirni ijaaramaa jiru sirna demokraasii, sirna gabaa bilisaa, sirna karaa nagaatiin eenyu iyyuu yaada isaa bilisaan keessatti adeemsisaa jirudha. Ijaarsa sirna kanaatiinis guddinni biyya keenyaa waggaa gara waggaatti gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaatiin mirkanaa’aa jira. Haa ta’u malee guddina biyya keenya keessatti mirkanaa’aa jiru kanatti wantoonni gufuu ta’an hin jiran jechuu miti. Wantoota gufuu ta’an kana beekanii maqsuun ammoo hunda dura hoggantoota irraa akka eegamu hubachuun gaarii ta’a. Barbaachisummaan leenjii kanaas kanaaf akka ta’e beekuun nidanda’ama.

Sirni biyya keenya keessatti adeemsifamaa jiru kun sirna haaraa waan ta’eef sammuu namoota hundaa keessatti iddoo argateera jechuun hin danda’amu. Sirna mirga sabootaa, sab-lammootaafi ummattoota Itoophiyaa wal qixa kabajchiise kana irratti komee kan qaban hundi dallansuun jiraachuun isaanii ni beekama. Kun ammo dallansuu qofaan kan dhaabatu osoo hin ta’iin, karaa danda’ame hunda sirna kana boodatti deebisuuf abjoochuun isaanii hin dhaabbatu. Adeemsa akkasiif kkf fashalsiisuuf ammo

hoggantoonni hundee dhaabaa hubannoo guutuu argatanii, adda duree ta'anii adda duroota akka horatan leenjiin kun barbaachisaadha.

Leenjiin kun mata dureewwan adda addaa irratti adeemsifamuu isaa ragaan waajjira Dh.D.U.O giddu galeessaa irraa argame kun ni hubachiisa. Isaanis, warraaqsa demokraasiifi qonnaan bulaa, misooma baadyaafi qonnaa, Barumsaafi fayyaa, bulchiinsa gaarii baadyaafi dhimma nageenyaa, hojmaata dhaabaafi dhimma ijaarsaa kan jedhani. Kana malees dhimma filannoofi filannoo raawwachiisuuf karoora godinaafi aanaa qophaa'e irratti orenteeshiniin kennameera.

Bu'aawwan hedduun leenjii kana irraa akka argaman hubachuun kan danda'amu yemmuu ta'u, kanneen jajjaboo ta'an akka armaan gadiitti agarsiisuun ni danda'ama. Leenjichi hir'inoota gama ilaalchaatiin calaqqisaa turan hamma tokko akka xiqqeessu ni'amana. Kana malees jette jetteefi dubbii dhugaa adda baasuuf akka dandeessise hubatameera. Leenjiin kun hirmaattota gandoota adda addaa irraa baba'an waan walitti fideef muuxanoo guddaa akka walirraa argatan gargaareera. leenjiin kun aanaa irratti waan kennameef aanaaleen walitti dhufeenya gandoota wajiin qaban ilaalchisee rakkoolee qaban beekuuf isaan gargaareera. Gandooleefi hoggantoota biratti hir'inootaafi ciminoota jiran beekuufi fuulduraaf waan barbaachisu adda baasuu irratti leenjiin guddaa gumaacheera.

Hojiin karoora ifaafi walii galtee tokkoon hojjetamu bu'a qabeessa akka ta'u isaa hirmaattonni leenjichaa walii galteen akka xumuran beekuun danda'ameera. Muuxannoo wal jijjiiruufi miira dorgomii uumuun raawwii hojii irratti jijjiirama akka fidus hubatameera. Kaka'umsa uumameen hoggantoonni borus bu'aa caalu galmeessisuuf ibsa ejjennoo baafataniiru. Ciminniifi dadhabbinni gandoota kam keessa akka jiran hubachuudhaan tumsa gochuun akka barbaachisu leenjii kun hubannoo guddaa akka uumes beekameera.

Kaka'umsi hoggantoota hundee dhaabaa gandoota baadyaa biratti uumame kun miseensota hunda bira akka ga'u leenjichi miseensa hundaaf akka kennamus hubachuun danda'ameera. Leenjiin miseensota gandaa kunis mata dureewwan waraaqsa demokraasiifi qonnaan bulaa, paakeejii bulchiinsa gaarii baadyaa, hojmaata dhaabaafi dhimma ijaarsaa jedhaman irratti akka kennamu beekameera. Kana malees raawwii hojii

filannoofi karoora gandootaa fuulduraa irratti mariin akka adeemsifamu ragaan waajjira Dh.D.U.O giddu galeessaa kun ni mirkaneessa.

Ijoo dubbii

Mirga heera mootummaatiin argannetti fayyadamnee filannichaaf haa galmoofnu

Filannoon mana maree (caffee) aanaafi gandaa marsaa 3ffaan, barana, Ebla/2000 keessa waan adeemsifamuuf qophiinsaa xumuramee sochiitti seenameera. Filannoo caffee aanaafi gandaa kanaan wal-qabatees caffee miseensota bakka bu'oota ummataafi naannoo sababa garaagaraatiin hir'atan guutuuf filannoon waan adeemsifamuuf adeemsi filannichaa xiyyeeffannoo guddaa kan gaafatu ta'uun isaa sirriitti hubatamuu mala.

Filannoon barana baatii Eblaa bara 2000 keessa adeemsifamu kun akkuma guutummaa biyyaatti yeroo 3ffaaf kan adeemsifamu waan ta'eef filannoowwan kanaan dura adeemsifaman irraa muuxannoo cimaafi hunde qabeessa horatameen gargaaramee qulqullinaan kan adeemsifamu akka ta'u ni abdatama, abdii qofaa utuu hin taane, filannoo 97 booda haala mijaawaa naannoo keenya keessatti uumametti fayyadamuudhaan filannicha karaa demokraatawaa ta'eefi qulqullina qabuun adeemsifnee injifannoodhaan akka xumurru shakkii tokko malee dubbachuu dandeenya.

Dhaabbanni keenya, Dhaabni Demokraatawaa Ummata Oromoo /Dh.D.U.On/ filannoo 97 booda komii ummataa filannicha wajjin wal-qabatanii ka'aa turan hedduudhaaf ummata wajjin walitti dhiyeenyaan mari'atee deebii kenneera. Filannicha booda waltajjii ummataa babal'oo banuudhaan qorannoo demokraatawaa ummata sadarkaa sadarkaadhaan hirmaachise erga adeemsisee booda gaaffii ummataatiif akka fedhii ummataatti deebii kenneera. Deebii kenne kana gara qabatamaatti jijjiiruudhaafis sochiitti seenee tarkaanfii tokko tokko fudhataa tureera, fufiinsaanis fudhataa jira.

Tarkaanfilee fudhataman kanaanis jijjiiramni guddaan Oromiyaa keessatti mul'ataa jira. Keessumaa ummanni baadiyaa, qonnaan bulaan, horsiisee bulaan, harki caalaan sadarkaa olaanaadhaan fayyadamaa ta'ee jira. Fayyadamummaan kunis qabatamaadhaan mul'atee, fayyadamtoota keessaa adda dureewwan kan ta'an ifaan badhaafamaniiru. Badhaafamuu qofaa utuu hin taane, qonnaan bulaafi horsiisee bulaan abbaa qabeenyaa ta'ee jireenya isaa gara ammayaatti geeddarataa jira. Yeroo ammaa oggansa dhaaba keenyaatiin barri rakkinaa darbaa, hiyyummaan ammumaa seenaa ta'uu jalqabeera.

Jijjiiramni dhamaatii guddaadhaan mul'achuu eegale kun baadiyaa qofaa keessatti kan daangeffame miti. Jireenya ummata magaalaas jijjiiruu dhaaf hojiin fufiinsa qabu hojjetamaa

tureera, hojjetamaa jira. Hojiin kun durumaanuu hojjetamuu kan eegale yoo ta’eyyuu, filannoo 97 booda karoora ummata hirmaachise diriirsuudhaan hojiin hojjetame bu’a qabeessa ta’aa jira. Har’a hojii maayikiroo xixiqqaatiin namoonni, keessumaa dargaggoonni, gurmaa’an hoji-dhabdummaa keessaa ba’uurra darbanii jireenya isaanii fooyyeffachuu, maatii isaanii gargaaruu danda’aniiru.

Sochiin kuniifi bu’aan sochii kanaan argame cimee itti fufuu kan danda’u egaa filannoo adeemsifamuuf jedhu kanarratti dhimmamnee, qooda fudhannee yoo fiixa baafne qofaadha. Guddinni dinagdee mul’achuu eegale kun fufiinsa akka qabaatu gochuuf mirga filuufi filatamuu qabsoo keenyaan gonfannetti fayyadamnee oggantoota egeree keenyaaf mul’ata dhugaa qaban filachuu qabna. Kanaaf ammoo har’umaa baanee galmaa’uu, filannichaaf of-qopheessuu qabna.

Filannoorratti hirmaatanii ogganaa egeree ofii murteessu filachuun mirga heera mootummaatiin argannetti sirriitti fayyadamuudha. Kana gochuu dhiisuun ammoo mirga ofii dabarsanii kennuudha. Kanarra darbees, guddina misooma dinagdeefi jijjiirama jireenyaa mul’achuu eegale kana shakkii keessa galchuudha. Har’a bal’inaan baanee galmaa’uu baannaan dhaaba siyaasaa komii ummataatiif atattamaan deebii quubsaa kennu, dhaaba guddina misoomaa saffisaa mirkaneessee jireenya ummataa fooyyessuuf tattaafatu filachuu hin dandeenyu. Har’umaa galmaa’uun bor kan barbaanne filachuuf murteessaadha.

Aaga Badhaadhinaa

Qabeenya Bishaanii Misoomaaf

Wantoota guddina biyya tokkoof murteessaa dha jedhaman keessaa qabeenyi uumamaa, lafti gabbataa, humni namaa hojiirratti bobba'uu danda'u bal'inaan jiraachuun angafummaan eeramu. Bu'ura kanaanis haala biyya keenyaa yommuu madaallu qilleensa mijaa'aa, biyyoo gabbataa, qabeenya uumamaa akkasumas laggeewwan bonaafi ganna yaa'an qabdi. Haalli kun ammoo biyya keenya maraammartoo hiyyummaa keessaa baasuuf ijoo dha. Imaammanni qonnaafi baadiyyaas haala biyya keenyaa giddu galeessa godhatee ba'e, qabeenya qabnuufi humna namaa keenya qindeessinee hojjennaan guddina si'ataa fiduu akka dandeenyuuf sochii kallattii hundaanuu jalqabameen bu'aan ol'aanaa argamaa akka jiru ragaa barbaachuuf fageenya hin deemnu. Qabatamaan mul'ataa waan jiruuf.

Guddina amma argame kanaaf ammoo qabeenya bishaanii jiruun bonaafi ganna oomishamuusaatiin keessaayyuu, jal'isiidhaan fayyadamaa sochii cimaa taasifamaa jiruun, bu'aan ol'aanaa argameera. Hojii kana ammoo fakkeenya tokko tokko kaasnee ilaaluu dandeenya. Godina Shawaa lixaa aanaa Tokkee kuttaayeetti hojiin jal'isii bal'inaan hojjetamuusaarrayyuu, qonnaan bultoonni aanichaa wayita ammaa bonaafi ganna hojjechuudhaan bu'aa ola'aanaa argataa jiru. Sochii kana ilaalchisee Ob. Abinnaat Taarraqany itti gaafatamaan waajjira misooma qonnaafi baadiyaa aanichaa akka dubbatanitti aanichatti jal'isii ammayyaatiin lafti heektaarri 1,184 misoomaa kan jiru yemmuu ta'u, kanarrattis qonnaan bultoonni 2,265 ol hirmaataniiru. Jal'isii aadaatiin ammoo lafti heektaara 290 misoomaa kan jiru yemmuu ta'u, kanarrattis qonnaan bultoonni 796 ol hirmaachaa jiru.

Qonnaan bultoonni kunneen kuduraafi muduraa addaddaa oomishaa jiru. Bar-dheengaddaa jal'isii ammayyaafi aadaa irraa, callaan kuntaala kuma 229 ol argamuusaa Ob. Abinnat nutti himaniiru. Baranas haaluma wal fakkaataa ta'een qonnaan bultoonni oomisha gannaa sassaabanii misooma jal'isii jalqabaniiru. Haaluma kanaan callaan bar-dheengaddaa argame dachaa dabaluuf qophiin xumuramuusaa hanga ammaattis sanyiin filatamaa Timaatima kiiloogiraama 17, Barbarree kiilo giraama 31 , qulluubbii diimaa kiilo giraama 40 qonnaan bultootaaf kan raabsame yemmuu ta'u, sanyii filatamaa kuduraafi muduraa addaddaa qonnaan bultootaaf qoodamaa akka jiru nutti himaniiru.

Qonnaan bultoota fayyadamoo ta'an keessaa ajajaa shantaamaa Taklamaaram Asfaaw jiraataa ganda dhagaa Filee isaan tokko dha. Isaanis, duraan looltuu turan, hojiinsaanii ammoo konkolaachisaa. Sababa hojii isaanii kanaan iddoo baay'ee deemaniiru. Misooma jal'isii iddoo

addaddaatti deemsifamu sababa hojiisaanii kanaan daawwataniiru. Daawwachuu qofa utuu hin taane “anis guyyaa tokko hojii kana nan hojjedha” jechaa akka turan nutti himaniiru. Yaada qalbiitti qabatan kana gaafa soorama ba’anii gara qe’esaaniitti deebi’an hojiirra olchuu jalqaban.

Laga kanaan dura hojii malee yaa’aa ture jal’isuudhaan hojiisaanii ciminaan hojjechuu eegalan. Dallaa isaanii keessatti sanyiin kuduraafi muduraa heddummina qabutu argama. Kana darbees buna, muka addaddaa ni misoomsu. Akka isaan dubbatanitti kunuunsa lafaaf iddoo ol’aanaa kennu. Kanaafi, dallaansaanii bosona kan ta’e. Misooma kuduraafi muduraa kana wajjinis kannisa ni horsiisu. Sangaa ni gabbisu, hoolaa, lukkuu horsiisu. Bar-dheengaddaa gurgurtaa kuduraafi muduraa irraa qofa, birrii kuma shantamaa ol argataniiru. Sanyii filatamaa kuduraafi muduraa addaddaa oomishanii kiiloo tokkoo gatii guddaatiin gurguraniiru. Wayita ammaa kiiloo giraama 48 argataniiru. Gaagura ammayyaa soddoomaa ol qaban irraa waggaatti gidduu galeessaan damma kiiloo giraama dhibba afurii ol ni argatan.

Ajajaa shantamaa T/Maaram oomisha argatan gurguruuf qe’eesaaniirraa taakkuu tokko hin deemani. Maqaansaanii aanaa Tokkee Kuttaayeerra darbee idoo garaagaraatti waan beekamuuf maamiltoonni isaanii hanga qe’eesaaniitti dhufanii oomisha barbaadan ni bitu. Kana qofaa miti. Qonnaan bultoonni iddoo garaa garaarraa baba’anis gara qe’eesaanitti goru muuxannoo horachuuf. Gaaafa namoonni akkasii dhufan ajajaa shantamaa T/Maaram gammachuunsaani daangaa hin qabu. Waan isaan argatan hunda qonnaan bultoonni biroos akka argatan barbaadu. Qonnaan bultoonni hedduunis faanasaanii bu’aniiru.

Ob. Bajjii Gaaddisaa qonnaan bultoota kanneen keessaa ammoo isaan tokko dha. Tattaaffiin ajajaa shantamaa Ob. Bajjii dabalatee qonnaan bultoota biroof fakkeenya guddaa ta’eera. Isaanis muuxannoo argataniin ciminaan hojjechaa jiru. Bar-dheengaddaa gurgurtaa kuduraafi muduraa irraa birrii kuma kudhan argataniiru. Bu’aa kanaaf ammoo deggarsi ajajaa shantamaa T/Maaram iddoo ol’aanaa qaba. Itti fufuudhaanis “Ajajaa shantamaa T/Maaram nama cimaa dha. Ammas namoonni soddomaa ol isaan wajjin hojjechaa jiru. Anaaf barsiisaa kiyyaa” jedhu Ob. Bajjiin.

Ajajaa shantamaa T/Maaram bu’aa jal’isii irraa argatniin mana jireenyaa ammayyaa ijaarrataniiru. Ijoolleesaanii barsiisanii hojii qabsiisaniiru. Bu’aaleen argatan hedduu dha. Gara fuulduraattis misooma qurxuummii hojjechuuf karoora qabu. Kana qofa miti, horsiisa loonii, akksumas hojii misooma qonnaa hunda-galeessa ta’e irratti bobba’uudhaan sochii hojii dhabummaa dhabamsiisuuf taasifamu keessatti gahee isaanii ba’uuf qophiirra akka jiran dubbataniiru.

Walumaa galatti sochii isaanii kana akka fakkeenyaatti kaafne malee, wayita ammaa qonnaan bultoonni hedduu jal'isiidhaan fayyadamanii si'a lamaafi sadii oomishuudhaan faayidaa ol'aanaa argachaa jiru. Haata'u malee, qabeenya jiruufi qonnaan bultoota hojii kanarratti hirmaatan yemmuu waliin madaallu, hojiin guddaa akka nurraa eeggamu hubanne. Asirratti fakkeenya tokko kaasuu dandeenya. Akka naannoo Oromiyaatti lafti jal'isiidhaan misoomuu danda'u heektaara miliyoona 1.7 ol akka ta'e ragaaleen ni eeru. Ragaan abbaa taaytaa jali'sii Oromiyaa irraa argame akka eerutti hanga ammaatti lafati jal'isiidhaan misoomuu danda'e heektaara. 206,337 qofa. Kunis kana caalaa hojjechuu akka qabnu nu hubachiisa. Hiyyummaa hidda naqatee dagaagee jiru kana maqsuuf qabeenyi bishaanii qabnu haala barbaachisaa ta'een hojiirra ooluu qaba. Sochii jalqabame cimsaa kan haafe irratti xiyyeeffatanii hojjechuun barbaachisaa ta'a.

Ciminaan itti fufuu qaba

Qorannoon sabsii duraa oomisha bara 1999/2000 iddoo addaddaatti xumurameera. Godina Shawaa bahaa aanaa Lumeetti odeeffannoon waajjira misooma qonnaafi baadiyaarraa argame akka addeessutti bara oomishaa 1999/2000 qorannoo sabsii duraa gaggeeffameen lafa heektaara 45,758 irraa callaan kuntaalli 1,684,612 ni argama jedhame akka tilmaamamu Ob. Lammeessaa Dheeressaa waajjira misooma qonnaafi baadiyaa aanaa Lumeetti dursaan garee eegumsaafi misooma midhaanii nutti himaniiru.

Bara oomisha 1999/2000 xaa'oon daappiifi yuuriyaa kuntaalli 50,736, sanyiin filatamaa midhaan gosa addaddaa kuntaala 3,407 qonnaan bultootaaf qoodameera. Akkasumas leenjiin addaddaa kennamuusaatiin, callaan oomisha bara 1999/2000 ni argama jedhame tilmaamamu, oomisha bara 1998/99 argamee kuntaala 503, 377 irraa caalmaa akka qabu nutti himaniiru.

Walumaa galatti bu'aan qorannoo sabsii duraa irraa argame akka addeessutti bara 1999/2000ttis guddinni misooma qonnaa, akkuma waggootii afran darbaniitti itti fufuusaa hubanna. Waggootii itti aananittis guddinni kun haala fufiinsa qabuun akka adeemu kanarraa hubachuun waan danda'amuuf sochiin amma jalqabame ciminaan itti fufuu qaba.